Macaafa Qulqulluu Daa'immaniif Dhihaate

Mootii Solomoon Ogeessicha

Kan barreeffame: Edward Hughes

Kan ibsame: Lazarus, Alastair Paterson

Kan dagaagsame: Ruth Klassen

Kan hiikkame: Zemendale Translation Service
email: zemendale@gmail.com
Po Box 32155, Addis Ababa, Ethiopia

Kan qophaa'e: Bible for Children
www.M1914.org

©2024 Bible for Children, Inc.
Eeyyama: Seenaa kana hamma hin gugurreetti garagalfacuus ta'ee Maxxansiifacuu ni dandeessu.

Mootiin Daawiti nama Waaqayyoo jabaadha. Bara mootummaa isaa, Israa'el dacha kudhan bara Saa'ol calaa guddatte. Amma garuu Israa'eliin bulchuu hin daneenye. Daawiti dulloomeera. Dadhabeera!



In dhukubas! Jireenyi isaa lafa irraa gara dhumuutti dhiyaateera.

Ijoollee Daawiti baayyee keessaa inni tokko, Adoniyaan mootii saba Israa'el akka ta'e itti hime. "Hiikaan Maqaa isaa Gooftaan koo Waaqa" kan jedhu ta'us Adoniyaan nama gaarii hin turre. Aangoo abbaa isaa hatuuf akka inni yaalaa jiru Daawwiti barus waan dahabeef irraa ittisuu hin dandeenye. Garuu Waaqyyo karoora biraa qaba!

3



Haati manaa Daawiti Baati-Sheebaan ilm ishee Solomoon akka mootii ta'u barte. Karoora Adoniyaa Daawititti himte. Akkuma dhukkubsachaa jirutti Daawiti saba walitti qabee Solomooniin mootii Irsaa'el gochuun muude.



4

Sababa sabin Irsaa'el Daawiti irraa amantaa qabuuf Solomoon dhibdee Adoniyaa hin qabu. Solomoon nama Waaqayyo akka isaaniin bulchuuf filate ta'uu isaa Daawiti itti hime. Yeroo muraasaa booda Daawiti in du'e.



5



Utuu Daawiti hin du'in, Waaqayyoof abboomamuun mootii gaarii akka nama taasisu Solomoon waliin dubbate ture. "Daandii Waaqayyoo irra deemi, waan hojjettu hundumaan badhaadhaa taata," Daawiti ilma isaa hime. Gorsa gaarii! Isa booda Solomoon teessoo mootii abbaan isaa Daawiti irra taa'e, mootummaan isaa ifatti dhaabbachuun beekame.

6

Halkan guyyaa tokkoo, Solomoon abjuu arge. Abjuu isaa keessatti, Waaqayyo itti mul'atee akka jedhee isa, "Maal siif laadhu jedhee gaafate? Maal nagaafatte?"

7

Mootii gaarii ta'uuf Solomoon ogummaa akka laattuuf Waaqayyoon gaafate. Waaqayyos gaaffii isaatti in gammade. Solomoon waan kadhate argate - Waaqayyo nama kabajamaa fi badhaadhaa akka ta'u waadaa galeef.

8

Sabin Israa'el ogummaa Solomoon arguuf yeroo dheeraa isaan hin fudhanne. Guyyaa tokko, Hawwan lama daa'ima tokko qabatanii mootii Solomooniin dura dhufan. "Halkan keessa daa'im dubartooti lameen qabatanii dhufan du'e isheen tokko kan ishee ajjeeftee mucaa koo fudhatte jechuun himatte. Lamaanuu mucaa inni fayyaan kooti in du'aan kan keetii waliin jedhan." Ishee kamtu haadha dhugaa akka taate Solomoon akkamitti adda baasa?

9

Mootichi akkas jedhe, Billaa naaf fidaa. "Billaa fidaniif." Billaadhaan mootichi maal gochuuf karoorse jettee yaadda?



10

Mootiin akka jedhe, "Mucaa isa fayyaa bakka lamatti gargar baqassee walkkaa gartokko ishee kanaaf, walakkaa gar tokko immoo ishee kanaaf!" jedhe in abboome. Yammus dubartiin isheen mucaan isheee fayyaa jiruu sun naatee mar'umaan ishee waan raafameef mootichaan "Yaa gooftaa ko, ucaa fayyaa isheef laadhu malee adaraa hin ajjeesin!" jette.



11

Isheen kaan garuu, "Mucichi anaafis, siifis akka hin taanetti iddoo lamatti gargar haa baqafamu!" jette.

12

Mootichi immoo deebisee, "Dubartii ishee jalqaba waa'ee mucichaa dubbate dhuguma haadha isaa waan taateef, mucaa isa fayyaa kana isheedhaaf kennaa malee hin ajjeesinaa!" Israa'el guutummaan akka Solomoon itti murtee kenne yeroo dhaga'an ulfina guddaa kennuun ogummaan isaa Waaqayyoon biraa akka ta'e hubatan .



13

Sabin Israa'el mana qulqullumaa itti Waaqayyoon waaqessu hin qabu ture. Yeroo Daawiti ijaaruuf karoorsetti Waaqayyo "Ijoolleen kee maqaa kootiin mana qulqullummaa in ijaaru" jedheen.



Yarusaalemitti Solomoon mana qulqullummaa bareedaa isaa ijaaruu eegale.

14

Mana qulqullummaa Israa'elootaa Yarusaalemitti ijaaruuf waggaa torba isa fudhate. Guyyaa guddichi in dhufe mana qulqullummaa qophaa'etti namooti Solomooniin dhageeffachuuf walitti qabaman.



15

Kadhata bareedaa booda, mootii fi sabin isaa gammaduun dhangaa nyaataa torbee lamaa qopheesse!



16

Kana booda, ammas Waaqayyo Solomoonitti mul'achuu akkuma isin abboommii koo eegidaniin siif fi saba Israa'el eebbisuuf waadaa galeef.

17

Sabin Israa'elii fi Solomoon yeroo hundumaa Waaqayyoof abboomammu diduun gaddisiise. Mootiin Solomoon dubartoota fedha Waaqayyoo hin taane fuudhe. Dubartooti kabaja hin qanbe laphee mootii booji'an; isa booda lapheensaa Waaqayyo Gooftaa akkuma laphee abbaa isaa Daawiti ta'e.



18

Waaqayyoof abboomamauudhaa yeroo Solomoon carraa isaa gubu,isa waliin masaraa isaa keessaa kan dalagu Yerobi'aam amala addaa agarsiise. Waaqayyo bulchiinsa Solomoon hiruun Yerobi'aam gosa kudha lamaan akka bulchu Raajiin itti hime. Yerobi'am battaluma sanaan gara Gibxitti baqate. Yoo ture akka mootiin Solomoon isa ajjeesu waan bareef.



19

Gara dhumaatti Solomoon in du'e, ilmi isaa Rehooba'aam, gibra Solomoon caalaa saba irratti dabarse. Gosi kudhan irratti ka'an – Yerobi'aam akka isaan geggeessuuf filatan. Akkuma raajiin Waaqayyoo dubbate mootummaan Solomoon bakka lamatti qoodame. Waaqayyoof abboomamuu diduun eebba hin fidu.



20

Mootii Solomoon Ogeessicha

Seenaa Sagalee Waaqayoo Macaafa Qulqulluu

kan keessatti argamu

Macaafa Moototaa isa duraa 1-12

"Saaqamuun dubbii keetii ifa in kenna."
Faarsaa 119:130

21



22 60 22

Seenaan Macaafa Qulqulluu kun kan haasa'u waa'ee Waaqayyo keenya Isa dinqii Isa nu uumeefi Isa akka Isa beeknu barbaaduuti.

Waaqayyo wanta hamaa isa Inni cubbuu jedhuun akka raaw'anne ni beeka. Adabbiin cubbuu du'a. Waaqayyo garuu guddaa si jaallata, kanaaf cubbuu keetiif akka fannoorratti du'uufi akka adabamuuf Tokkicha Ilma Isaa Yesuus dabarsee siif ni kenne. Sana booda Yesuus gara jireenyaatti deebi'ee gara iddoo jireenya Isaa gara Waaqaa ni deeme! Yesuusitti amantee cubbuu keetiif akka siif dhiisuuf yoo Isa gaafatte, Inni siif ni dhiisa! Yeroo kana dhufee si wajjin ni jiraata, akkasumas immoo atis Isaa wajjin bara baraaf ni jiraatta.

Inni kun dhugaa ta'uu isaa yoo amante, Waaqayyoon akkas jedhiin: Yaa Yesuus, Ati Waaqayyo ta'uu kee fi cubbuu kootiif du'uuf jettee akka annaf dhufte nan amana, ammas kunoo deebitee ni jiraatta. Maaloo gara jireenya kootti koottuutii amma jireenya haaraa akkan jiraachuu akkan danda'uufi guyyaa tokko sin wajjin bara baraaf jiraachuuf gara kee akkan dhaquuf cubbuu kootiif naaf dhiisi. Abboommii kee akkan eeguufi akka mucaa keetti akkan jiraadhuuf na gargaari. Ameen.

Macaafa Qulqulluu dubbisiitii guyyuma hundumaa Waaqayyoo wajjin dubbadhu! Wangeela Yohaannis 3:16

23